ADDA BILISUMMAA OROMOO **OROMO LIBERATION FRONT**

Ebla 15, 2017

YAADANNOO GUYYAA GOOTOTA OROMOO 2017 ILAALCHISEE IBSA ABO

Ebli 15 guyyaa ummatni Oromoo wareegamtoota qabsoo bilisummaa itti yaadatan ta'e erga kabajamu jalqabee waggaan 34 lakkawame jira. Ebla 15 2017 kanas akkuma aadeffatame ummatni Oromoo bakka adda addaatti argamu guyyaa kana bifa garaagaran ni yaadata.

Akkuma hubatamu, ummatni keenya kanneen dhuufata diinaa jala jiran Oromiyaa mara keessatti waloodhaan guyyaa kana kabajuu hin dand'an. Haa ta'u malee qalbii fi yaada isaanii kessatti akka guyyaa kana kabjan shakkiin hin jiru.

Mirga gootota keenya ifatti yaadachuu dhabbuun qofaa osoo hin ta'in, yeroo ammaa kana Oromiyaa guutuun weerara humna waraanaa jalattii kuftee shirrii sanyi-daguuggaa irratti deemaa jiraachuun isaanii, kaayyoon gootonni itti wareegamaniif kaayyoo haqaa ta'u ummatichaaf ni mirkaneessa. Wareegama olaanaafis akka if qopheessuu kakaasa.

Kanneen dhuufata diinaa jala hin jirre walitti dhufuudhaan gootota wareegaman yaadatuu fi kaayyoo isaan wareega maayyii kafalaniif sana akkamin galmaan geenye Oromiyaa bilisomsina jennee wal mar'achu fi akka qabsoon finiinuu deggersa barbaachisu kennuutu nu irraa eegama.

Guyyaan goototaa kun yeroo yadatamuttii ummatni keenyaa roorroo yeroo kamu caaluu fi daguuggaa sanyi jalattii kufe akka arganu nama marafu ifaa dha. Ilmaan Oromoo golee Oromiyaa kessattii guyyaa har'a kana diina waliin kokkee walqabaa jiran kabajaa olaanaa qabnaaf. Dabalata dargaggoota Oromoo ayyaana Irreechaa 2016 irrattii gara jabeenyaan diinni galaafate kabajaa addaatiin yaadanna.

Guyyaa gootota Oromoo jechuun waluma galattii eerga Oromiyaan waanjoo kolonii jalattii kufte hanga har'an tanaatti kanneen bilisummaa biyya isaaniif jechaa wareegama lubbuu kafalan kan itti yaadanuu dha. Kanaaf, guuyyaan goototaa kun yeroo irbuu keenya itti haaromsinuu fi gumaata qabsoof kenninu itti mirkaneesinu akka ta'u ABOn abdi guutuu qaba.

Yeroo tokkuumaadhaan walitti dhufnee guyyaa goototaa yaadannutti kanneen biyya isaaniif biffa hundaan osoo qabsawanii tokkumman dabran yaadachuun tokkummaa Oromoo jabeessuuf ballama seena haromsuuf fuul dura akka tarkaanfatnu ABOn lammii Oromoo hunda yaadachiisaa.

Qabsoo jaallan wareegamanif galmaan ga'udhaan Oromiyaa deebifnee walabummaa gonfachiisuuf waraaqsa bifa hundaan fininee jiru milkiin akka xumuramu ABOn waan dandeetti isaa keessa jiru akka gumaatu waada isaa irra deebii mirkaneessa.

Guyyaan gootota Oromoo bara baraan haa jiraatu!
Oromiyaan ni bilisomti!

ADDA BILISUMMAA OROMOO

www.oromoliberationfront.net info@oromoliberationfront.net